



OIFIIS MAATII KEESSANIIFIS FILANNOO SIRRII FILADHAA



Gargaarsi mootummaa godaantota hundumaa hin ilaallatu. Maatiin hundinuu garaagara, sagantaan maatii keessan gargaaru qaama jijiirrawwan seera haaraa irratti taasifamee ta'uu dhiisuu mala. **Dhaabbatootni fi namootni isin gargaaruu danda'an hedduu jiru.** Dhimma keessan qabatamaa irratti hundaa'uun abokaatoon godaantotaa dhimma godaantotaa irratti muuxannoo qabu waa'ee kanaa gorsa isiniif laachuu ni danada'a. Akkasumas dhaabbileen bu'aaf hin dhaabanne kanneen naannotti argaman gorsa seera akkasumas gargaarsa isiniif gochuu danda'u.

GARGAARSI MOOTUMMAA MAALI?

Namoonni giriin kaardiif (seera qabeessummaan jiraata ta'uu) yookiin kan Vizaa barbaadan Ameerikaa galuuf qorumsaa "gargaarsa mootummaa" darbu qabu - kunis gara fuulduratti namni kun tajaajila mootummaa fayyadamuufi dhiisuu addaan baasuuf gargaara. Murtoo kana murteessuu irratti, itti gaafatamtootni dhimma godaantoota haala nama dhuunfa sana siritti qoratu; kunis kan dabalatu, Umrii, galii, fayyummaa, barumsa yookiin dandeettii (dandeettii afaan Ingiliffaa dabalatee), fi akkasumas haala ispoonsariin isaanii gargarsicha wajjin qaban. Akasumas namni sagantaawwan mootummaa akka fayyaddame ilaalacha keessa ni galachu.

Department of Homeland Security's (DHS, Waaxda Amaanka Qaranka) haaraan waa'ee qorumsa kaffaltii hawaasumma irratti kanneen kana ilaalcha keessa galchu danda'a:



- Barnaamijka Caawimaada Nafaqada ee Kaabida ah (SNAP,"EBT" ot "Nagahee Deeggarsa nyaataaf kennamu")
- Kenniinsa Mana Jirenya Hawaasaa Federaalaa fi deeggrsa kutaa 8
- Medicaid (ogeessa tajaajila hatattamaaf, ijoolle umurii 21 gadiif, dubartoota ulfaaf, fi haadhota haaraadhaaf alatti)
- Sagantalee deeggarsa maallaqaa(kanneen akka SSI, TANF, Deeggarsa Waliigalaa)

Namoonni hedduun kanneen seerri haaraan isaan ilaallatu, fayidaawwan armaan olitti caqafaman argachuuf hin malan. Tajaajiltootni armaan olitti hin ibsamin akka gargaarsa mootummaatiif qorumsaa hin lakkawamani. Kunis kan dabalatu WIC, CHIP, Iaaqana mana barumsaa, bankiiwwan nyaataa, bakka koolu itti galaan, sagantalee deeggarsa fayyaa kan naannoo yookiin magaalaa fi kanneen biroo heddu.




Atii fi maatiin kee miseensa lammii U.S tii?

Gargaasi Mootummaa si hin ilaallatu. Sagantaalee si ilaallatan irratti itti fuftee galmaa'u qabda.




Atii fi miseensonni maatii keetii duraanuu giriin kaardii qabduu?

Gargaarsa Mootummaas ta'ee jijiiramnni damibii dambiiwanii haaraa irratti ta'uu kamuu yommuu giriin kaardii haaressitu yookin lammii U.S. ta'uuuf iyyattu dhiibbaa homaatuu sirratti HIN QABU. Haa ta'u malee, ji'a 6'f biyyaa keessaa bahuuf karoorsiteetta yoo ta'e, abbaa seeraa dhimma immigireeshinii waliin yoo mariyatte gaaridha.



Mirgoota armaan gadii keessaa tokko qabda moo argachuudhaaf iyyataa jirta?

TPS, U yookin T Viizaaa, Koolugaltummaa yookin Mirga gondaansaa, yookin Dargaggeessa Baqataa Addaa Mirga? Gargaarsi Mootummaa baqattoota hundumaa irratti hojiirra HIN oolu- gareewan asitti eeraman dabalatee. Mirgoota baqatummaa kanneen qabda yoo ta'e yookin ammoo iyyachuudhaaf adeemsa irra jirta yoo ta'e, sagantaalee mootummaa si ilaallatu fayyadamuu itti fufuu ni dandeessa.



Oromo



Maatiin kee United States keessaa taa'uun giriin kaardii yookii viizadhaaf iyyachuudhaaf karoora qabu jira? Maatiin kee United States ala jiran keessaa giriin kaardii yookin viizaadhaaf iyyachuudhaaf karoora qabu jira?

Fayidaa sagantaalee hawaasummaa kanneen fuula jalqabaa irratti tarreffaman qofatu akka qormaata deeggarsa mootummaatti ilaalalma. Akkasumaas galiin, umriin, fayyuummaan, dandettiin, haalli maatii fi haali ispoonsarii keessan ni ilaalama. Murtee kamiyyuu osoo hin fudhatin, dursitee dhimma kee irratti gorsa argachuuf ogeessa waliin mariyachuu qabda. Filannoo bilisaa yookin gatii gadi aanatiif:

immigrationadvocates.org/nonprofit/legaldirectory.

